# Barnoonni Oolmaa Daa'immanii Sagantaa Jaamp Staartiitiin calqaba

## Hagayya 19 - 23, 2019 ganama sa'a 9 – 12tii guyyaan guyyaan

Jaamp staartiin barattoonni oolmaa daa'immanii torban tokkoof haala mana barumsaa irratti muxxannoo akka baratanuuf sagantaa kennamuudha. Daa'imman haala gamoo mana barumsichaa haaraa akka baranuu fi mana barumsaa kessatti guyya guyyaan wanta hojjatan irratti akka shaakalan kan gargaaruudha.

**Jaamp Staartiin barattoota haaraa oolmaa daa'immanii haala kanaa gadiitiin ni gargaara**:

- Muxannoo Barnoota gammachiisaa
- Guyyaa guyyaan wanta m/b keessatti gaggeefamu ni baratu, ni shaakalu
- Kutaa fi gamoo m/b keessatti haala mijaa'aa uumaaf.

**Jaamp Staartiin haala armaan gaditiin warra barattootaa ni gargaara:**

- Maatiiwwan daa'imman umurii walfakkaataa qaban wajjin walbaruuf.
- Ogganaa m/b fi hojjatoota qunnamuun gaafiiwwan qaban gaafachuuf.

**Jaamp Staartiin haala itti hojjatoota gargaaru:**

- Barattoota wajjin walitti dhiyeenya uumuuf.
- Oguummaa fi dandeettii barattootaa baruuf.

## Bu'ura maalummaa JAAMP STAARTII

Manneen Barnoota Sadarkaa tokkofaa fi giddu galeessa heddu sagantaa Jaamp Staartii kana ni kennu (Mana barumsoota sagantaa kana kennan ilaaluuf fuula duubatti argamu ilaalaa). Daa'imman sagantaa kanaaf mana barumsaa sagantaa kana irratti hirmatutti ramadamu.

- Manneen Barnootaa barattoota afaan Ingiliffaa baratanuuf tjaajila afaaniitiif akkasumas barattoota barnoota addaatiif gargaarsi dabalataa ni kennu.
- Warri barattootaa guyyaa guyyaadhaan daa'imman m/b akka geessanuu fi deebisan ni gaafatamu-Geejibni hin dhiyaatu.
- Manni barumsaa keessan ciree/nyaata akkasumas waantilee daa'imni kessan barbaadan hunda ilaalchisee isin qunnama.

## Galmee sagantaa JAAMP STAARTII

Manneen Barnootaa tokko tokkoon isaanii guuca kana ijaa hiranuuf guttanii deebisuu fi ni dandeessu ykn guuca galmee Jaamp Staartii online guuchuu ni dandeessu. Guuca kana guutuudhaan dhuma jia waxabajjii dura mana barumsaa kessanitti akka deebiftan isin gaafanna. Manneen barnootaa heddu jia Adolessaa fi Hagayya torban calqabaa cufaa ta'u. Hojjattoonni Hagayya 13hojiitti ni deebi'u.

***Guyyoota maatiiwwan bara ttootaatin xiyyeeffannoon itti kennamuu qabu.***

- Hagayya. 19 - 23 - Sagantaa Jaamp Staartii
- Fulbaana. 4 - 6 - Maatiiwwan barsiisota o/d v ajjin ni qunnamu.
- Fulbaana. 9 - Guyyaa calqaba barnootaa kan barattoota oolmaa daa'immanii. (Barattoonni kutaa 1-12 Fulb.4 calqabu.)

Odeeffannoo dabalataatiif Mary Fickes Manneen Barnoota Ummata Aanaa Siyaatilitti, kutaa barnoota calqabaa qunnamaa:

☎ (206) 252-0127

💻 mpfickes@seattleschools.org